  - ✓ **Iyyannichi dhugaa irratti kan hundaaye ta'uun isaa jecha kakuutiin mirkanaa'uu qaba.**

Komii Ol’iyyannoo fi Ijibbaataa

- **OS ol’iyyannoon dhiyaate ulaagaawwan kwt. 320 fi 323 jalatti tarreeffamanis guuttamuu isaanii mirkaneeffachuu qaba.**
- **komii ol’iyyannoo yeroo ol’iyyanichi itti dhiyaachuu qabu darbuun dhiyaatu immoo abbootiin dhimmaa guyyaa hangam keessatti iyyata hayyamsiisaa akka dhiyeeffatu itti himuu qaban kwt. 324(1).**
- **Ulaagaawwan teeknika Komii ol’iyyannoo kwt. 327.**
- **Iyyanni ijibbaataa qabxiilee murtiin komatame dogongora seeraa ni qaba itti jedhame qofa gabaabinaan tarreessuun guyyaa 90 keessattii waraabbii murtii ol’iyyannoo fi MM jalaatiin walqabsisuun dhiyeessuu.**

Ulaagaaawwan Seeraa

- **Lab. Lakk. 141/2000, kwt. 25(b) jalatti OS ulaagaa seeraa qorachuuf aangoon kennameefiira.**
- **Ulaagaa seeraa jechuun maal jechuu dha?**
- **SDFHH kwt. 231 waliin akkamitti ilaallama?**
  - ✓ **Himata--- Aangoo M/M, Abbaa dhimmaa fi Sababa himannoo**
  - ✓ **Iyyata ????**
  - ✓ **Deebii ???**
  - ✓ **Ol'iyyannoo ????**

Aangoo Mana Murtii

- **Iddoo Saditti Qoodama:**
  - ✓ **Biyyoolessaa**
  - ✓ **Hundee Dubbii**
  - ✓ **Tooraa**

Dandeettii fi Abbaa Dhimmaa

- **Ulaagaa seeraa oofiisarri seeraa lammaffaa irratti sakatta’uu qabuu dha.**
- **Abbaan Dhimmaa:**
  - ✓ **dhimma tokko keessatti dantaa kan qabu (the real party in interest) dha. Seera Muummee.**
  - ✓ **himannoon kan dhiyaatu nama mirga qabuun ykn maqaa isaatiin ta’uu qaba .**
  - ✓ **SDFHH keenya jalattis himataan dhimma himannichaaf bu’uura ta’erraa mirga himachuu qabaachuu akka qabuu fi himatamaanis nama himataan seerummaa irraa gaafachuu danda’u akka ta’e duraa duubaan kwt. 33(2) fi 33(3) jalatti tumameera.**

Dandeettii

- gahumsa seeraa garee falmii ta’uu nama dandeessisu
- seera HH kew. 196 (1) tti namni hundii seera biratti dandeettii qaba jedhameetu tilmaamama.

Namoonni mirga qaban garuu dandeettii hin qabane karaa bakka bu’aa isaaniitiin falmuu akka danda’an SDFHH kwt. 57 irraa ni hubatama.

- Namni bakka bu’ee dhiyaate garuu ragaa bakka bu’insaa seeraa duratti fudhatama qabu dhiyeessuun irra jiraata.

Sababa Himannoo

- **Sababni himannoo:**
  - ✓ **himataan maallaqaaf ykn qabeenyaaf ykn mirga biroo kabachiifachuuf, nama biroo irraa waan tokko akka argatu M/M akka murteessuuf himannoo dhiyeeffachuu haallan firii dubbii (factual circumistanses) isa dandeessisanii dha.**
  - ✓ **firiiwwan dubbii seerummaa gaafatame argachuu kan dandeessisan.**
  - ✓ **Firiiwwan dubbii walitti dhufeenya falmitootaa fi badii (wrongs) raawwatamee fi itti gaafatamummaa agarsiisan,**

MARII

- Oofiisarri seeraa ulaagaa seeraa keessatti gadi seenee aangoon, dandeetiinii fi sababni himannoo ni jira moo hin jiru kan jedhu ni ilaalaa amantaa jedhu ni qabdanii?
- Eeyyeen yoo jettan haala kamiin ta’uu qaba?

kutaa 2ffaa

Qajeelcha Falmii Dhimma Yakkaa Keessatti Aangoo Oofiisara Seeraa

Seensa

- **Aangoowwan rejistiraaraa SDFY tumaalee adda addaa jalatti kan tumamanii dha.**
  - ✓ **Buu’uura SDFY kwt. 124(1) tiin ajaja waamichaa baasuu,**
  - ✓ **Bu’uura kwt. 187(1) tiin garagalcha galmee ykn murtii kennuu, fi**
  - ✓ **bu’uura kwt. 190(1) tiin ciraa fi sanadoota adda addaa MM ol’iyyannoo dhagayuuf erguu dha.**
- **Isaan kunniin ulaagaawwan teeknikaa fi**

- **Garuu qabatamaan rejistiraarri aangoo seeraan kennameefin ala bahuun daangaa isaa bal’isuun himata, iyyataa fi sanadoota gara MM dhufan ulaagaawwan teekniikaa guutuu isaanii ni qorata.**
- **Kanaaf labsii Lakk. 141/2000 kwt. 25(a) jalatti hojiiwwan rejistiraarri bu’uura seeraa malee hojjachaa ture seeraan oofiisaroonni seeraa akka hojjatan taasifameera.**
- **Bu’uura kanaan rejistiraaronni iyyata, himannaa, fi ol’iyyata dhiyaateef ulaagaawwan teeknikaa fi seeraa guutuu isaanii qorachuuf aangoo ni qaban.**

Ulaagaawwan Teekniikaa Himata, Ol’iyyata fi Iyyannoowwan Yakkaa Adda Addaa

Himata Yakkaa: Sirnoota Itti Dhiyaatu

- **Sirni himannaa dambii cabsuu ulaagaawwan chaarjii sirna idilee guutuuf akka hin dirqamne SDFYL 108(1) jalatti ibsameera.**
- **SDFYL 108 (3) jalatti tumaaleen himata yakkaa ilaallatan ajajinni bu'uura SDFYL 172 tiin yoo kenname malee dhimmoota namoota gaa'ela hin gahin ilaallatan irratti raawwatiinsa hin qaban.**
- **Qajeeltoowwanii fi ulaagaawwan teeknikaa himannoon yakkaa sirna idileetiin dhiyaatu guutuu qabu garuu SDFY kwt. 111 fi itti aanan jalatti tumameera.**
  - **Itti aansinee kan ilaallu ta'a.**

ቍ ፡ ፪፷ ። መሠረቱ ።

(፩) የደንብ ፡ መተላለፍ፡ ከሆነ ፡ ክስ፡ በቀር፤ ማንም፡ ሰው፡ በዚህ፡ ምዕራፍ ፡ መሠረት ፡ ክስ ፡ ሳይቀርብበት ፡ በፍርድ ፡ ቤት ፡ ነገሩ ፡ እንዲሰማ ፡ አይደረግም ።

(፪) የሚቀርበው ፡ የክስ ፡ ማመልከቻ ፤

(ሀ) በከፍተኛው ፡ ፍርድ ፡ ቤትም፡ ሆነ፡ ወይም ፡ በዝቅተኛ ፡ ፍርድ ፡ ቤት ፡ በዐቃቤ ፡ ሕግ ፡ የቀረበ ፡ ሲሆንና ፤

(ለ) በግል ፡ ከሳሽነት፡ ክስ፡ እንዲያቀርብ ፡ በተፈቀደለት ፡ የግል ፡ ከሳሽ ፡ የቀረበ፡ ሲሆን ፤ የክሱ ፡ ማመልከቻ፡ በዚህ ፡ ምዕራፍ ፡ ድንጋጌዎች ፡ መሠረት፡ መዘጋጀት ፡ አለበት ።

(፫) አካለመጠን ፡ ያላደረሱ ፡ ወጣቶች ፡ ላይ ፡ የሚቀርብ፡ ክስ፡ በዚህ፡ ሕግ፡ በቍ፡ ፪፻፪ ፡ መሠረት፡ ሌላ ፡ ትእዛዝ፡ ካልተሰጠ ፡ በቀር ፡ በዚህ ፡ ምዕራፍ ፡ መሠረት ፡ አይፈጸምም ።

ቍ ፡ ፻፱ ። የክስ፡ ማመልከቻ፡ ስለ፡ ማዘጋጀት፤ ስለ፡ ማቅረብና፡ ለተከሳሹ፡ ስለ፡ መስጠት።

(፩) ዐቃቤ ፡ ሕጉ ፡ የፖሊስ፡ ምርመራ፡ መዝገብ፡ (ቍ ፡ ፴፯) ፡ ወይም ፡ የቀዳሚ ፡ ምርመራ፡ ፍርድ፡ ቤት፡ መዝገብ፡(ቍ፡ ፶፩)፡ በደረሰው፡ በዐሥራ፡ አምስት፡ ቀን፡ ጊዜ፡ ውስጥ፡ በፖሊስ ፡ የምርመራ ፡ መዝገብ ፡ ወይም ፡ በቀዳሚ ፡ ምርመራው ፡ መዝገብ ፡ መሠረት ፡ የሚገባ ፡ የመሰለውን፡ ክስ ፡ አዘጋጅቶ፡ ሥልጣን፡ ላለው ፡ ፍርድ ፡ ቤት ፡ ያቀርባል ።

(፪) ነገሩ ፡ በከፍተኛው፡ ፍርድ፡ ቤት ፡ መሰማቱ ፡ ከመጀመሩ ፡ በፊት ፡ የቀዳሚ ፡ ምርመራ፡ ፍርድ፡ ቤት፡ መዝገብን፡ ዐቃቤ፡ ሕጉ፡ ተመልክቶ፡ ነገሩ፡ ሊሰማ፡ የሚገባው፡ በዝቅተኛ፡ ፍርድ፡ ቤት፡ መሰሎ፡ የታየው፡ እንደሆን፡ ቀዳሚ፡ ምርመራ፡ አድራጊው ፡ ፍርድ፡ ቤት፡ የሰጠው፡ ውሳኔ ፡ ቢኖርም ፡ እንኳን ፡ ተገቢ ፡ የመሰለውን፡ የክስ ፡ ማመልከቻ ፡ አዘጋጅቶ ፡ ሥልጣን ፡ ላለው ፡ ዝቅተኛ ፡ ፍርድ ፡ ቤት ፡ ያቀርባል ።

(፫) ዐቃቤ ፡ ሕጉ ፡ የቀዳሚ፡ ምርመራ፡ ፍርድ፡ ቤት፡ መዝገብ፡ ሲመረምር፡ የ፡ ፈጸሙት፡ ወንጀሎች ፡ በከፊል ፡ የፍተኛው ፡ ፍርድ ፡ ቤት ፡ ሥልጣን ፤ በከፊል ፡ ደግሞ ፡ የዝቅተኛ ፡ ፍርድ ፡ ቤት ፡ ሥልጣን ፡ ሆኖ ፡ ሲያገኘ ፡ ተገቢ ፡ የመሰለውን ፡ ክስ ፡ አዘጋጅቶ ፡ ሁሉንም ፡ ወንጀሎች ፡ የማየት ፡ ሥልጣን ፡ ላለው ፡ ለከፍተኛው ፡ ፍርድ ፡ ቤት ፡ ያቀርባል ።

(፬) የክሱ ፡ ማመልከቻ ፡ ግልባጭ ፡ ለተከሳሹ ፡ ያለ ፡ ዋጋ ፡ በነጻ ፡ ይሰጠዋል ።

Ulaagaawwan Teekniikaa Himata Yakka:Sirna Idilee

- **Himannoon yakkaa bu’uura ulaagaawwan yakkichaa seera yakkaa keessatti ibsamee fi qabiyyee SDFY keessatti akka guutu ibsaman guutuu qaba.**
- **Bu’uura SDFYL 112 tiin chaarjiin tokko haala himatamaan yakka ittiin himatame hubatee deebii kennuu isa dandeessisuun yakkichaa fi haala raawwii isaa haala ibsuun qophaa’uu qaba.**

ቍ ፡ ፱፲፩ ፡ የክሱ ፡ ማመልከቻ ፡ ዐይነትና ፡ የሚጸፍበት ፡

(፩) ማንኛውም፡ የክስ ፡ ማመልከቻ ፡ ቅንና ፡ ዓመተ ፡ ምሕረት ፡ የተጻፈበትና፡ የተፈረመበት ፡ እንዲሁም ፡ ከዚህ ፡ በታች ፡ የተዘረዘሩትን እንዲገለጹበት ፡ ያስፈልጋል ፡

(ሀ) የተከሳሹ ፡ ስም ፤

(ለ) ተከሳሹ ፡ የተከሰሰበትን ፡ ወንጀል፡ እንዲሁም ፡ የወንጀሉ ፡ መሠረታዊ ፡ ነገርና ፡ ሁኔታዎች ፤

(ሐ) ወንጀሉ ፡ የተፈጸመበት ፡ ጊዜና ፡ ስፍራ ፡ ተገቢ ፡ በሆነ ፡ ጊዜም ፡ የተበደለው ፡ ሰው ፡ ስም ፡ ወይም ፡ ወንጀሉ ፡ የተፈጸመበት ፡ ንብረት ፤

(መ) ተከሳሽ ፡ ወንጀሉን ፡ በመፈጸም ፡ ተላልፏል ፡ የተባለበት ፡ ሕግና ፡ የሕጉን ፡ ቍጥር ፤

(፪) ማንኛውም፡ የክስ ፡ ማመልከቻ ፡ ከዚህ ፡ ሕግ ፡ ተያይዞ ፡ በሚገኘው ፡ በሁለተኛው ፡ ሠንጠረዥ፡ ዐይነት ፡ ወይም ፡ በተቻለ ፡ መጠን ፡ ከዚሁ ፡ ጋራ፡ ተመሳሳይ ፡ በሆነ ፡ ዐይነት ፡ መዘጋጀት ፡ አለበት ፡

- **Ibsi kunis hanga danda’ameen akkaatuma jechoota tuma seeraa yakkichaa keessatti ibsameen ta’uu qaba.**
- **SDFYL 111(2) irraa akka hubatamutti chaarjiin kamiiyyuu hanga danda’ameen haala foormiiwwan gabatee lammaffaa SDFY hordofeen qophaa’uu qaba.**

Tartiiba Himata Yakkaa

- **Tartiiba Tokkoffaa: kutaa ka'umsaa (The commencement)**
  - ✓ **Maqaa MM dhimmicha ilaaluuf aangoo qabu fi iddoo itti dhaddacha gaggeessu;**
  - ✓ **Lakkoofsa himannichaa, galmee pooliisii fi A/A;**
  - ✓ **Maqaa himataa fi hamatamaa teessoo waliinii fi**
  - ✓ **Guyyaa himannaan itti dhiyaate ni ibsama**

Tartiiba Lammaffaa:Ibsa Yakkichaa (The statement of offence)

- **Kunis maqaa yakkichaa fi keewwata seeraa cabe kan hammatuu dha.**
  - ✓ ***Fkn"Hanna SYL 665 darbuun"*** **haala jedhuun ibsamuu qaba.**
- **Hangas mara gadifageenyaan ulaagaa yakkichaa ibsuu osoo hin ta'in seericha fi tumaa seerichaa rogummaa qabu bifa"*kwt.539 (1) (a)"* jedhuun ibsamuun gahaa dha.**
- **Jechoota teeknikaawaatti fayyadamamuu hin qabnu.**

Tartiiba Sadaffaa: Kutaa Tarree Yakkaa (The particulars of offence)

- **Haala raawwii yakkichaa fakkeenyaaf yeroo, iddoo, amala (conduct), fi hundee yakkaa (subject matter) himatamaan ittiin himatame;**
- **Tarreen ulaagaa yakka himatamaan ittiin himatamee ;ulaagaa seeraa (legal ingredient), sammuu (mental) fi gochaa (material ingredient;**
- **Guyyaa, sa'aatii fi iddoon yakkichi itti raawwatamee;**
- **Barbaachisaa ta'ee yoo argame, nama ykn qabeenya yakkichi irratti raawwatamee ibsuu;**

Tartiiba Afraffaa:Tarree Ragaa

- **Dhumarratti:**
  - ✓ **Tarree Ragaa Namaa,**
  - ✓ **Tarree Ragaa Sanadaa,fi**
  - ✓ **Tarree Ragaa Ciraa dhiyaachuu qaba.**

Iyyannoo Komii Ol’iyyannoo

- **SDFYL 181 himatamaan itti murtaa’ee fi A/A himatamaan bilisaan yoo bahe ykn gadi lakkifame ol’iyyachuu akka danda’an tumameera.**
- **Bu’uura SDFY kwt. 184 tiin falmii ijoo irratti murtii osoo hin kennamin ajajoota tumaa kana jalatti caqafaman irraa ol’iyyachuun hin danda’amu.**
- **Ol’iyyannoon murtiin kennamee guyyoota 15 keessatti gaafatamuu qaba (kwt.187).**
- **Ol’iyyataan garagalchi murtii isa dhaqabee guyyoota 30 keessatti komii ol’iyyannoo isaa M/M murtii kennetti dhiyeessuu qaba.**

ቁ ፡ ፻፸፬ ። የትእዛዝ ፡ ይግባኝ ፡ ስላለመኖሩ ።

ከዚህ ፡ በታች ፡ ባሉት ፡ ሁኔታዎች ፡ ፍርድ ፡ ቤት ፡ በሚሰጠው ፡ ትእዛዝ ፡ ይግባኝ ፡ ለማለት ፡ አይቻልም ።

(ሀ) በቁ ፡ ፯፬ ፡ መሠረት ፡ ቀጠሮ ፡ መስጠት ፡ ወይም ፡ አለመስጠት ፤ ወይም ፡

(ለ) በቁ ፡ ፻፴፩ ፡ መሠረት ፡ ስለሚቀርብ፡ መቃወሚያ ፤ ወይም ፡

(መ) በቁ ፡ ፻፸፪ ፡ መሠረት ፡ ማስረጃን ፡ ስለ፡መቀበል ፡ ወይም ፡ ስላለመቀበል ።

ነገር፡ ግን፡ የጥፋተኛነት፡ ውሳኔ፡ በተሰጠበት፤ ለጊዜው ፡ በመልቀቅ ፡ ወይም፡ ነጻ፡ በመልቀቅ፡ ፍርድ፡ ተሰጥቶ፡ ይግባኝ ፡ በተባለበት ፡ ጊዜ ፡ እንዚህ ፡ የተሰጡት ፡ ትእዛዞች ፡ ይግባኝ ፡ ለማለት ፡ ምክንያቶች ፡ ለመሆን ፡ ይችላሉ ።

Qabiyyeen komii ol’iyyannoo SDFYL 189 jalatti tumameera.

- Maqaa M/M ,ol’iyyata fi deebii kennaa, fi guyyaa qabaachuu qaba,
- Iyyata komii ol’iyyannoo keessattii mormii ykn komii jiru gabaabinaa akka qabxiitti (distinct heads) kophaa kophaatti bifa walduraa duubaan lakkoofsi kennameefii tarreeffamuu qabu;
- Falmiin kamiiyyuu barreeffamuu hin qabu (without any arguments);
- Seerummaan gaafatamu sirriitti ibsamuu qaba;
- Waraabbiin murtii ol’iyyannoof bu’uura ta’ee komii ol’iyyanootiin walqabatuu qaba;

Iyyata Adda Addaa Falmii Yakkaa

- **Iyyanni mirga wabii bu'uura SDFYL 64 tiin dhiyaachuu akka qabu tumameera.**
  - ✓ **Barreeffamaan ta'ee sababa iyyannoon dhiyaatuu danda'eef gabaabinaan;**
  - ✓ **Amala ykn gosa wabummaa (nature of bail bond) iyyataan dhiyeeffachuu barbaadu (fkn wabii namaa, wabii mataa isaatiin, maallaqa...),**
  - ✓ **Himannoo irratti dhiyaatee fi sababa qabameef;**
  - ✓ **Guyyaa mana murtichaa dhiyaatu;**

ቍ ፡ ፭፬ ። በዋስትና ፡ ወረቀት ፡ እንዲለቀቅ ፡ የሚቀርብ ፡ ማመልከቻ ።

(፩) በማንኛውም ፡ ጊዜ ፡ ቢሆን ፡ የተያዘው ፡ ሰው ፡ በዋስትና ፡ ወረቀት ፡ እንዲ ለቀቅ ፡ ለመጠየቅ ፡ ይችላል ።

(፪) ማመልከቻውን ፡ በጽሑፍ ፡ አድርጎ ፡ አመልካቹ ፡ መፈረም ፡ አለበት ። ማመ ልከቻ ፡ ያቀረበበትን ፡ ምክንያት ፡ በአጭሩ ፡ መግለጽና ፡ ማቅረብ ፡ የሚች ለውን ፡ የዋስትና ፡ ወረቀት ፡ ሁኔታ ፡ ማመልከት ፡ አለበት ።

(፫) በዋስትና ፡ ወረቀት ፡ እንዲለቀቅ ፡ የሚቀርበውን ፡ ማመልከቻ ፡ ማናቸውም ፡ ፍርድ ፡ ቤት ፡ ለመፍቀድ ፡ ይችላል ።

- **Hanga MM ajaja biroo kennutti yeroo hundumaa gaafa beellamaa akka dhiyaatu;**
- **Yoo hafe immoo hanga maallaqaa kaffalu ibsuu qaba,**
- **Wabii namaa yoo dhiyeefate immoo kaffaluuf dirqama kana seenuu isaani ibsuu qaba.**
- **Iyyata kanarratti maqaan mana murtii iyyanni itti dhiyaatuu;**
- **Maqaa fi mallattoo iyyataa qabaachuu qaba.**

- **Kanneen Biroo:**
  - ✓ **Iyyata Amakiroo (SYL 202(1))**
  - ✓ **Iyyata Wabummaa Ofirraa kaasuuf (kwt.77)**
  - ✓ **Iyyata hayyamsiisa oi’iyyannoo (SDFYL 191).,**
  - ✓ **Iyyata murtii bakka hin jirretti kaasuu (kwt. 198 fi 199),**
  - ✓ **Iyyata moggaafamaaf (kwt. 218(1)).**
  - ✓ **Iyyata gaaffii ajaja qabiinsaa (kwt. 53),**
  - ✓ **Iyyata gaaffii sakatta’iinsaa (kwt. 32 fi 33)**
  - ✓ **Iyyata gaaffii beellama yeroo (kwt.59)**
  - ✓ **Iyyata jijjiirraa galmee (SDFY kwt. 106)**
  - ✓ **Iyyata himata kaasuu (SDFY kwt. 122)**
  - ✓ **Iyyata dhorka murtii (SDFYL 188 (5)).**
  - ✓ **Iyyata gaaffii beenyaa miidhamaa yakkaa kwt. 154 (1) .**

Ulaagaawwan Seeraa

- **Ulaagaawwan Seeraa:**
  - ✓ **Iyyata adda addaa falmii yakkaa keessatti dhiyaatanii????**
  - ✓ **Iyyata komii ol’iyyannoo??????**
  - ✓ **Himata Yakkaa….Aangoo M/M, Abbaa Dhimmaa??????**

Aangoowwan Mana Murtii

- Aangoo Biyyoolessaa
- Aangoo Hundee Dubbii
- Aangoo Tooraa

Aangoo Biyyoolessaa

- **Aangoon Biyyoolessaa aangoo MM biyyaa kanaa dhimma yakkaa tokko ilaalanii murtii kennuu danda'uu fi baachuu isaanii ilaallatuu dha.**
  - ✓ **seera yakkaa federaalaa kwt. 11-20**
- **Bu'uurri aangoo kanaas :-**
  - **(1) Iddoo yakkichi itti raawwatame ;**
  - **(2) Lammummaa himatamaa; fi**
  - **(3) Gosa yakkaa raawwatame.**

- **Bu’uura qabxiilee kanneeniitiin immoo aangoo biyyoolessaa Biyya keenyaa:**
  - ✓ **Aangoo ljoo (Principal Jurisdication) kwt. 11-16 fi**
  - ✓ **Aangoo xiqqaa (Subsidiary Jurisdiction, kwt. 17) jechuun qooduun ni danda’ama.**

Aangoo Biyyoolessaa Ijoo (Principal Jurisdiction) kwt. 11-16

- Aangoon ijoon (Principal Jurisdiction) daangaa isaa waliin seera yakkaa FDRI kwt. 11-16 jalatti bal’inaan tumameera.
- Bu’uura kanaan biyyi teenya namoota irratti bu’uura afuriin aangoo biyyoolessaa ijoo akka qabdu tumaalee seeraa armaan olitti caqafan irraa ni hubatama.

Tokkoffaan :nama yakka Itoophiyaa keessatti raawwatameen himatame :

- kun kallattiidhaan seera yakkaa kwt. 11-12 kan ilaallatuu dha.
- Seera Yakkaa kwt. 11(1) irraa akka hubatamutti yakka kamiiyyuu yakkoota seera yakkaa keessatti caqasaman keessaa daangaa (territory) Itoophiyaa keessatti namni raawwate kamiiyyuu bu’uura seera yakkaa keenyaan ni adabama.
- Daangaan (territory) kun lafaa fi samii (haawaas) ni dabalata.

- **Lammaffaan :nama biyya ambaatti Itoophiyaa irrattii yakka raawwateera jechuun himatame (SYL 13):**
  - **Tumaan seeraa kun nama nageenya, tokkummaa, ykn dhaabbiilee seeraa, faayidaawwan ijoo, ykn**
  - **maallaqa mootummaa Itoophiyaa irratti yakka raawwate kamiiyyuu irratti**

- **Fakkeenyaaf lammiin biyya ambaa tokko lammii biyya keenyaa biyya isaa jiran waliin mootummaa biyya keenyaa kuffisuuf kan gurmaa'ee fi kanaafiis birrii biyya keenyaa fakkeessuun mallaqa sobaa kan maxxanse yoo ta'e gochi isaa kun SYL 238 fi 357 kan darbu waan ta'eef bu'uura SYL 13 tiin aangoo biyyoolessaa ijoo jalatti kan kufuu dha.**

- **Sadaffaan :nama biyya ambaatti yakka raawwateera jechuun himatamee fi biyya yakkichi itti raawwatame sanatti immoo namni sun hojjataa Itoophiyaa waan ta’eef mirga himatamuu dhabuu biyya sanaa kan qabu yoo ta’ee (SYL 14).**
  - **Isa SYL 13 jalatti ibsameen ala namoonni mirga himatamuu dhabuu qaban sababa yakka biyya alaatti raawwataniif aangoo ijoo biyya keenyaa jalatti kan kufan yakkichi seera biyya keenyaa fi biyya keessatti raawwatame keessatti kan adabsiisu yoo ta’ee dha.**
  - **Abbootiin taayitaa mootummaa**

- **Lammiiwwan Itoophiyaa biroo kanneen biyya ambaa jiraatan yoo ta’e immoo yakkoota kwt.13 jalatti caqafaman yoo raawwatan malee aangoo ijoo jalatti hin kufan.**
- **Yakkoota kanneen yoo hin raawwatin aangoo xiqqaa biyyattii jalatti akka kufan tumaa SYL 18 irraa ni hubatama.**

- **4ffaan : miseensa raayyaa ittisaa Itoophiyaa biyya ambaatti yakka raawwateera jechuun himatamee(kwt.15):**
  - **Miseensonni homaa waraanaa biyya ambaa keessa jiran akkuma haala isaatti aangoo ijoo fi aangoo xiqqaa jala ta’uu ni danda’a.**
  - **Miseensonni kunniin biyya ambaatti Seera yakkaa FDRI kwt. 269-322 jalatti yakkoota tarreeffaman kan raawwatanii seera idil-addunyaa irra kan darban ykn yakka**

Aangoon biyyoolessaa xiqqaa (Subsidiary Jurisdiction)

- Tumaalee SYL 269-322 ala tumaalee jiran bira darbuun yakka kan raawwatan yoo ta’e garuu aangoo xiqqaa biyyattii jalatti kan kufu ta’a.
- Hiikkaan Aangoon biyyoolessaa xiqqaa (Subsidiary Jurisdiction) yakkichi raawwatame jedhame Itoophiyaa baay’ee kan hin tuqine ykn hin miine yoo ta’ee dha.
- Bu’uura kanaan himatamtoonni yakkoota armaan gadii raawwatan aangoo xiqqaa biyya keenyaa jalatti kan kufanii dha.

Namoota biyya ambaatti yakka seera idil-addunyaa cabsuu fi fayyaa fi hamilee ummataa irratti raawwatan jechuun himataman (kwt.17).

- **Bu’uura kwt. 17(2) tiin yakkoota kwt. 14 fi 15(2) jalatti tumamaniin ala kan jiranii fi kwt.17 jalatti kanneen jiran namni raawwate aangoo xiqqaa jalatti kan kufuu dha.**
- **Namni kamiiyyuu biyya ambaatti seera idil-addunyaa cabsuun,ykn seera biyya**

- **Yakkoonni kunniin seera yakkaa kwt. 269-383 jalatti kan tarreefamnii fi seerotaa fi waliigalteewwan armaan olitti eeraman jalatti kanneen ibsaman kan ilaallatuu dha.**
- **Dabalataan namoonni biyya ambaatti yakkoota fayyaa fi hamilee uummataa miidhan raawwatan aangoo xiqqaa jalatti kan kufan ta’an jechuu dha.**
- **Seera yakkaa keenya jalatti yakkoonni kunniin kwt.525, 599,636,641 fi kanneen biroo caqasuun ni danda’ama.**

Yakkoota biroo Itoophiyaan alatti raawwataman ilaalchisee (kwt.18):

- As jalatti tokkoffaa namoota biyya ambaatti lammiiwwan Itoophiyaa irratti yakkoota tokko tokko raawwataniiru jechuun himataman kan ilaallatu hogguu ta’u.
- Lammaffaa immoo lammiiwwan Itoophiyaa biyya ambaatti nama kamiiyyurratti yakka ulfaataa raawwataniiru jechuun himatamanii fi miseensota homaa waraanaa biyya keenyaa seera biyya ambaa (ordinary laws) keessa jiranii cabsuun yakka raawwatanii miliquun biyyattiitti deebi’an. Jalqaba isa duraa haa ilaalluu.

- **Kanaaf isa jalqabaa hogguu ilaallu bu’uura SYL 18 tiin namni tokko aangoo xiqqaa itoophiyaa jalatti kan kufu balleessaan raawwate lammii biyya keenyaa irrattii ykn lammiin Itoophiyaa kamiiyyuu biyya ambaatti yakkoota kwt.11-17 jalatti tumamaniin ala jiran yoo raawwatee fi yakka sanaan biyya sanatti kan hin himatamin yoo ta’e seerri yakkaa keenyaa isa irratti raawwatiinsa ni qabaata.**
- **Kana gochuuf garuu tokkoffaa gochichi seera yakkaa biyya keessatti raawwatamee fi seera yakkaa keessatti kan nama adabsiisu ta’uun isaa yoo tumame ta’uu qaba.**
- **Lammaffaa yakki raawwatame cimaa waan ta’eef bu’uura seera itoophiyaatiin himatamaan qabamee dabarfamee akka kennamu taasisuuf gahaa ta’ee yoo argamee dha.**

Aangoo Hundee Dubbii

- **Dhimmoota Federaalaa**
  - ✓ **lakk.25/88 kwt.4 jalatti dhimmoota aangoon waliinii MMF tarreeffaman.**
  - ✓ **dhimmoota yakka irrattii aangoo MM federaalaa akka itti aanutti kaayuun ni danda’ama.**

1. **Sirna heeraa fi nageenya biyya keessaa mootummaa irratti yakkoota raawwataman.**
   - **Isaan kunniin SYL 238-260 jalatti kan tarreeffamanii dha.**
   - **Labsii Lakk.25/88 fooyyessuuf labsii bahe lakk. 321/95 kwt. 2(1) jalatti tumaan kun haqamee “Offences against the national state;" ykn**
   - **“Bemengist gizat ager lay yemifetsemu wonjalooch” jechuun fooyya’eera.**

2. **Yakkoota mootummaa biyya ambaa irratti raawwataman(SYL 261-268),**

3. Mirgoota dhala namaa irratti yakkoota raawwataman(269-283)
4. Galiiwwan taaksii fi qaraxaa fi faaydaawwan maallaqaa mootummaa Federaalaa irratti yakkoota raawwataman
5. Yakkoota maallaqa sobaa ilaallatan(356-362)
6. Sanadoota mootummaa federaalaa irratti hojii sobaa hojjachuun yakkoota raawwataman
7. Nageenyaa fi bilisummaa Meeshaalee Sabqunamtii naannoo tokkoo oliif ykn sadarkaa addunyaatti tajaajila kennan irratti yakkoota raawwataman,
8. Yakkoota Nageenya balala'iinsaa (safety of aviation) ilaallatan,

9. Yakkoota lammiiwwan biyya ambaa ilaallatan.

- **Kun Labsii labsii L.25/88 fooyyessuuf bahe L. 138/91 kwt.2(1) jalatti ”Danbii darbuu osoo hin dabalatin yakkoota lammiin biyya ambaa ittiin himataman” jechuun fooyya’eera**
- **Labsii labsii kana fooyyesse L.321/95 jalatti immoo “Without prejudice to international diplomatic law and custom as well other international agreement to which Ethiopia is a party,**

- **offences of which foreign nationals who enjoy privileges and immunities and who reside in Ethiopia are victims or defendants;**
- **without prejudice to Sub-Article (3) of Article 12 and Sub-Article (3) of Article 15 offences of which foreigners are victims or defendants and which entail more than 5 years rigorous imprisonment." jechuun fooyya’eera.**

10. Wantoota balaafamaa fi sammuu nama hadoochan naannessuu (illicit trafficking of dangerous drugs) yakkoota ilaallatan,
11. Yakkoota aangoo MM naannolee adda addaa ykn kan federalaa fi naannoo biroo jalatti kufanii fi walqabatan (concurrent),
12. Yakkoota abbootiin taaytaa fi hojjattoonni mootummaa federaalaa sababa hojii ykn itti gaafatamummaa isaaniitiin itti gaafataman.

HD: Gosa Yakkaa Fi Hanga Adabbii

- **Gosa Yakkaa:SDFY kwt. 4**
  - ✓ **aangoon hundee dubbii MM bu'uura gabatee 1ffaatiin akka ilaallamu tumameera.**
  - ✓ **gabatee kana tarree 3ffaa irratti MM tarreeffaman gosa yakkootaa tarree 1ffaa fi 2ffaa jalatti cinaa cinaan tarreeffaman ofitti fuudhanii ilaaluuf aangoo ni qaban,**

Hanga Adabbii

- aangoo MM Awuraajja kan aanaa ta’ee jira.
- yakkoota gabatee 1ffaa keessatti hin ibsamin ykn seera biraa jalatti hammataman ilaalchisee MM Aanaa yakkoota hanga hidhaa waggaa 5 adabsiisuu danada’an irrattii aangoo ni qaba.
- Waggaa shanii ol kan adabsiisuu danda’u yoo ta’e garuu aangoo MM ol’aanaati.
- Kun immoo labsiiwwanii fi Danbiiwwan adda addaa booda bahaniin fooyya’eera.

Danbii lakk. 17/67

- SDFY gabatee 1ffaa jalatti yakkoota MMO turan MM Konyaatti gadi buusee jira;
- Yakkoonni kunniin seera yakkaa ammaa jalatti kwtt.494,496,517,620,624,626,628,635,636,640,641,654,669,674,675,702,fi 703

Danbii lakk. 39/68

- Kwt. 561 MMO akka ilaallamu tumameera.

Labsii lakk. 25/88

- Gabatee 1ffaa keessatti kan tumaman keessaa labsii kana jalatti dhimmoota yakka federaalaa kan ta’an bakka bu’ummmaan malee MM naannoleetiin hin ilaallaman

- **Labsii lakk. 434/97**
  - **Labsii SDF dhimma yakka malaamaltummaa**
  - **Kwt. 6(2) yakkoota MMW naannolee jalatti kufan malee aangoo jalqabaatiin dura kan keessummeessu MMO Naannooti,**
  - **Yakkoonni kunniin seera yakkaa ammaa jalatti kwtt. 407-419,427-431,379,468,676(1),684,fi 696(1)**
- **Labsii lakk. 141/2000**
  - **Kwt. 27(2)**

MMWF

- **Lab.L.25/88 kwt.8 ,exclusive first instance jurisdiction:**
  - **Yakkoota abbootiin taayitaa federaalaa dandeettii hojii isaaniitiin itti gaafatamummaa qaban;**
  - **Kan seeraa fi baratama idil-addunyaa akkuma (international law and custom) jirutti ta’ee yakkoota ambaasadaroonni biyya ambaa, consuls fi bakka bu’oota dhaabbilee idil-addunyaa fi biyyoota ambaa ilallatanii;fi**
  - **Iyyannoo jijjiirra galmee MMOF tokkorraa isa biraattii ykn ofiitti dabarsuu.**

MMOF

- labsii 25/88 kwt. 12 jalatti kan tumame
- Lab. L. 321/95 kwt. 2(4) tiin fooyya'eera:
  - ✓ Dhimmoota yakkaa kwt. 4 kwtta xiqqaa (1), (2) (3), (8), (10) fi (13) jalatti ibsaman;
  - ✓ Dhimmoota kwt. 4 kwt. Xiqqaa 9 fi lammii biyya ambaa ilaallatan,
  - ✓ kwt. 4 Xiqqaa 14 jalatti kufanii fi seerota biroo hojiirra jiraniin aangoo MMO ta'an.
  - ✓ Dhimmoota biroo isaan D/dhawaa fi Finfinnee keessatti raawwatamanii fi seerota biroo hojiirra jiraniin aangoo MMO jalatti kufan.

MMSDF

- lab. L. 25/88 kwt. 15 jalatti tumamee,
- lab. L. 138/91 kwt.2 (2) fi
- lab.L. 321/91 kwt. 2(5) tiin fooyya'eera
  - ✓ Dhimmoota yakkaa kwt.4 kwtta xiqqaa (4), (5),(6) and (7) jalatti ibsaman;
  - ✓ Dhimmoota kwt. 4 kwt. xiqqaa 9 jalatti kufanii fi lammiiwwan biyya ambaa ilaallatanii fi aangoo MM Woradaa fi Awuraajjaa ta'an;
  - ✓ Aangoo abbaaseerummaa qaamolee biraatiif seeraan kenname akkuma jirutti ta'ee,
  - ✓ dhimmoota yakkaa Finfinnee fi D/Dhawaa

Dhimmoota Naannoo

- Dhimmoonni armaan olitti Labsii 25/88 kwt.4 jalatti tarreeffaman kuniin aangoo MM Fed. jalatti kan kufan hogguu MM naannoo jalatti kan kufanii dha.
- Dhimmoota seera Naannootiin bahan.

HD: Manneen Murtii Oromiyaa

- **Mana Murtii Waliigala**
  - ✓ **Aangoo jalaqabaatiin dhimmoota yakkaa ofitti fuudhee keessummeessuuf aangoo akka hin qabne labsicha kwt. 26 irraa ni hubatama.**
  - ✓ **Labsicha kwt. 26(1)(b) jalatti dhimmoota yakkaa kan MMOF bakka bu'ummaan ilaaluuf aangoo akka qabu tumameera.**

Mana Murtii Ol’aanaa

- **Lab. L.141/2000 kwt.27 (4) jalatti dhimmoota yakka aangoo MMSDF ni ilaala,**
- **Labsicha kwt. 27(1) akka SDFY fi seerota birootiin tumametti aangoo jalqabaatiin ni ilaala.**
  - ✓ **Akkaata tarreeffama Gabatee sadaffaatiin,**
  - ✓ **Dhimma federaalaa yoo hin ta’in,**
  - ✓ **Lab. L.141/2000 waraabbii afaan Oromoo kwt. 27(2) jalatti kan akka haaraatti ibsame yakka ka’umsi adabbii isaanii waggaa 10 ol ta’e**
  - ✓ **Waraabbii afaan kaan waliin akkamitti ilaaltu?**

Mana Murtii Aanaa

- **Lab. Lakk. 141/2000 kwt. 28(1)(a) akkaataa SDFY ykn seerota birootiin dhimmoota yakkaa aangoo jalqabaatiin ni ilaalu,**
- **Kun tarreeffama Gabatee sadaffaa SDFY ilaallata,**
- **Bu’uura labsii lakk.141/2000 kwt. 27(2) dhimmoota yakkaa ka’umsi adabbii isaanii waggaa 10 gadi ta’e,**

Aangoo Tooraa

- **Bu’uura SDFYL 6 tiin M/M iddoo adda addaa jiran aangoo naannoo bu’uura SDFYL 99-107 ttiin murteeffatu,**
  - ✓ **M/M aangoo qabuu fi iddoo yakkichi itti raawwate ykn jalqabee jirutti (kwt.99)**
  - ✓ **Iddoon gochi itti raawwatee fi kan bu’aan gochichaa garagara yoo ta’an MM iddoo lameenuu jiranii (kwt.100),……**

nnaa Afur

Hojiilee Oofiisarroota Seeraa Falmiiwwan Dhimmoota Hariiroo Hawaasaa fi Yakkaa Ilaallatan

Kaffaltii Sassaabuu

- **Kaffaltii Abbaa Seerummaa**
  - ✓ **labsii Lakk. 141/2000 kwt 25(c) fi (d),**
  - ✓ **Himanni fi ol'iyyanni abbaa seerummaa itti hin kaffalamne fudhatama hin qabu SDFHHL 215**
  - ✓ **Bu'uura tilmaama qarshii himanni itti dhiyaate,**
  - ✓ **Taarifni isaa Dambiin (ykn beeksisni seeraa keessaa) lakk 177/1945 tiin murtaa'a,**
  - ✓ **hogguu tokko tokko hangi maallaqaa mata duree irratti caqafamee fi himannoo keessatti gaafatame walcaaluu ni danda'a**
  - ✓ **Taarifni garaagara waan ta'eef falmii qarshiitti shallagamuu danda'uu fi hin dhadeenye adda baafachuu**

- **Namni seerummaa kaffaluu hin dandeenye dambii hiyyummaatiin himannaa dhiyeeffachuuf mirga ni qabu SDFHHL 467.**
  - ✓ **ragaa hiyyummaa kennuuf aangoo kan qabu MM himanni itti dhiyaatee dha (SDFHHL 468).**
  - ✓ **Bu’uura SDFHHL 474 (2) tiin ragaan hiyyummaa falmii MM sadarkaa duraatiif kenname tokko ol’iyyannaatti nama hin fayyadu.**
  - ✓ **Ragaa hiyyummaa haaraan MM ol’iyyannoo dhagahuun kennamuufii qaba.**

Kaffaltiiwwan Biroo

- maallaqa moodeelaan akka qabamu ajajame fkn kan akka wabii fuudhuun qabaa maallaqa MM tti galii ni godhu kwt.25(c).
- yeroo galmeen banamu, deebiin dhiyaatuu fi iyyannoon dhiyaatu tarree ragaa falmitootaan dhiyaatan laakka'uudhaan kaffaltii qalaaxee ni kaffalachiisa (kwt. 25(d))
- Bu'uura danbii naamusaa lack. 02/2001 kwt. 20 tiin galii abbaa seerummaa fi kaffaltiiwwan biroo seeraan bulchuu dhabuun naamusaan akka nama gaafachiisu ni hubatama.

Galmee Banuu

- **Ofiisarri galmee banuun dura iyyannii, himannii fi ol’iyyanni ulaagaa teekniikaa fi seeraa guutuu isaa mirkaneeffachuu qaba.**
- **himanni, deebii fi iyyanni kamiiyyuu akkaataa adeemsi seeraa ajajuun qophaa’anii dhiyaachuu too’achuu dhabuun badii naamusaa akka ta’e danbii naamusaa kwt. 32 jalatti tumameera.**
- **Galmeen erga baname dhimmi yeroo meeqa keessatti murtii argachuu akka qabu erga adda baafateen booda gaggeessaa dhimmaa wajjin mari’achun beellama ni laata (kwt.25 (e)).**
- **Kun hoggansa dhangala’iinsa dhimmaati.**

Ajaja Dabarsuu fi Barreessuu

- **Ajaja Waamichaa**
  - **Labsii Lakk. 141/2000 kwt. 25(e) jalatti:**
    - **oofiisarri seeraa gaggeessaa dhimmaa garee hojii waliin mari’achuun ajaja waamichaa dabarsuu,**
    - **mallatteessee chaappessee bahii gochuuf aangoo ni qaba.**

Issuance.

- On the filing of a complaint, the court clerk shall issue a summons to be served as provided in civil procedure code Art. 94
- A separate summons may issue against a particular defendant or group of defendants.
- A duplicate summons may be issued from time to time and is as valid as the original summons.

(B) Form.

- A summons must be issued "In the name of the people of the State of Oromia," under the seal of the court that issued it.

Ajaja Dhaddacha Irraa Kennamu Barreessuu:

- **oofiisarri seeraa ajaja dhaddacha irraa kennamu sirritti hubachuun bu’uuruma ajajichaatiin raawwachuu qaba.**
  - **Ajaja haala hin dubbifamneen barreessuu badii naamusaati (danbii naamusaa kwt. 7 fi 8)**
  - **ajaja abbaan seeraa kenne jijjiiruun ykn ifaan barreessuun yeroon baasuu dhabuun hanqina naamusaati(kwt. 10 fi 16 danbichaa)**

Beellama Kennuu

- **OS gaggeessaa dhimmaa garee hojii waliin mari’achuun beellama ni kenna (kwt.25 (e))**
- **beellamni hogguu kennamu baay’ina falmitootaa ykn ragoota namaa, iddoo irraa dhufanii, fi ragaan ogummaa (expert) jiraachuu addaan baafamuu qaba.**
- **Beellamni kennamu kan kabajamuu fi wanti beellamame kan raawwatu ta’uu qaba.**
- **Beellamni kennamu sababa gahaa malee jijjiiramuu hin qabu (SDFY kwt. 94 fi SDFHH kwt. 192-199)**

Galmee Socho’aa Bulchuu

- **Labsii L.141/2000 kwt 25(f) jalatti OS galmee socho’aa bulchuuf, hogguu barbaadamu dhiyeessuuf, abbootiin dhimmaa tajaajila akka argatan taasisuuf aangoo fi dirqama ni qaba.**
- **Yeroo ammaa galmeen erga banamee jalaqabee hanga cufamuutti bulchiinsa oofiisaraa jala tura.**
- **Galmee bulchuun qabiyyee galmee sanaas beekuun barbaachisaa .**
- **galmeelee yeroodhaan galmeessuu**

- **Galmee bakka hojiif hin mijoofne kaayuu fi kunuunsuu dhabuu (kwt.14), fi hogguu barbaadamu yeroodhaan baasuu dhabuun (kwt.17) hanqina namusaati.**
- **Dhimmoonni banamanis gosaan addaa baafachuu:**
  - ✓ **yakka ykn hariiroo hawaasaa**
- **Isaanis akkatuma gosa isaanitiin qooduu**
  - ✓ **ajjeechaa, saamicha cimaa, hanna kk**
  - ✓ **Beenyaa, waliigaltee, dhaala fi kkf … qoodanii qabachuu rakkoo baay'ee salphisa.**

Galmeessii ykn qabiinsii galmee gaarii ta’e tokko faayidaa armaan gadii qaba.

- A/S f odeeffannoo gayaa kennuun murtiiwwan isaanii hundee akka qabaatan waan godhuuf kenniinsii murtii fooyya’aa akka ta’u godha.
- A/S murtii guutuummaa qabu akka kennan godha.
- kessaahiis ta’ee alaa, qaama murticha eeguuf; qeequuf ykn mormuuf haala kenniinsa murtii odeeffannoo ni kenna.
- Galmichi murtichi haala akkamiin akka kenname odeeffannoo guutuu ta’e waan kennuuf qaama murticha kenneef eegumsa ni godha.
- Iftoomina cimsuun sadarkaa ittigaafatmummaa MM ni gabbisa.

Garagalcha Galmee Kennuu

- **Falmiin sadarkaa kam irra jiraatu illee abbaan dhimmaa gargalcha ajaja ykn murtii galmee akka isaaf kennamu gaafachuu mirga qaba.**
- **Gaaffiin kun hogguu dhiyaatuuf ofiisarri seeraa guyyaa fi bara ajaja ykn murtii sun itti kenname caqasuun gargalcha sirri ta’uun isaa mirkanaa’e abbaa dhimmaatiif kennuu qaba.**
- **Ol’iyyanni yoo gaafatames garalcha galmee hunda isaa qopheessee kennuu qaba.**

- **Bu’uura danbii naamusaa lakk. 02/2001 kwt.5 tiin ol’iyyanni hogguu kennamu:**
  - ✓ **fuula hir’uu ykn caalmaa ykn waljala darbaa,**
  - ✓ **chaappaa hin qabne,**
  - ✓ **citaa ykn hin dubbifamne,**
- **xalayaa gaggeesituu:**
  - ✓ **hir’uu ykn dogogorsiisaa ta’e,**
  - ✓ **maqaa ol’iyyataa ykn deebii kennaa ykn guyyaa ykn lakkoofsa galmee hin qabne,fi kkf osoo hin sirreessin erguun badii naamusaati.**

Istaastiksii Qopheessuu

- **Galmeen kan banamu ,xumura yoo argatu kan deebi’ee bahu karaa ofisara seeraa waan ta’eef isitaastiksii galmee akka qindeessan aangoon kennameefira(kwt.25(h)).**
- **Sochii galmeelee MM keessa jiran beekuf ykn too’achuuf galmeeleen banamanii sochirra jiraan meeqa akka ta’e, yoom akka banaman (umrii) beekuu barbaachisaa dha.**
- **Sadarkaa maal irra akka jiran; beellama irraa kan jiranii fi kan murtii argatan addaan baasanii beekuun barbaachisaa dha.**
- **Galmeelee murtii argatanis yeruma seerri**

Hojiiwwan Biroo A/S tiin Kennamuuf

- **Oofiisarri seeraa hojiiwwan biroo abbaa seeraatiin kennamuuf hojjachuuf dirqama ni qabu (labsii lakk. 141/2000 kwt. 25(g))**
- **Danbii naamusaa kwt. 39 jalatti hojii abbaa seeraatiin kennamuuf hojjachuu diduun badii naamusaati.**
- **Hojiiwwan kunniin qabatamaan maalfa'a?**
- **Bu'uura SDFHH kwt. 206 tiin kakuu ni kaksiisuu? Gutumaan guututti A/S hojjatamuu akka qabu wanti tumame ni jiraa?**
- **Kan aangoon irratti hin kennaminiif yoo ta'e hoo?**

nnaa Shan

Naamusa Ogummaa Oofiisara Seeraa

Seensa

- **Akka addunyaatti naamusni ogummaa abbootii seeraa sanadni “Bangalore Principles of Judicial Conduct (2002)” bahee jira.**
- **Biyyoonni baayyeeniis sanada kana akka modeelaatti fudhataniiru,**
- **Naannoo keenyattis koodiin naamusaa abbootii seeraa lakk. 1/2000 bahee hojirra jira,**
- **Duudhaaleen bu’uuraa abbootii seeraa akkuma haala isaatti oofiisara seeraa irratti raawwatiinsa akka qabaatan ni hubatama.**
- **Cabiinsi duudhaalee kanneeniis bu’uura Danbii naamuusaa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii**

Bilisummaa

- **koodii naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota Gumii lakk. 01/2000 kwt. 1.**
- **Bu’uura kanaan oofiisarri seeraa dhiibbaa, hacuuccaa, sodaachisa, sossobbii, fi jiddulixumma kallattii fi sababa kamiiniyyuu dhufuu danda’u irraa bilisa ta’uun seeraa fi sirna jiru qofaan qajeelfamuun hojjachuu qaba.**
- **Kana gochuu dhabuun Danbii naamusaa lakk. 02/2001 kwt. 26 jalatti kan nama adabsiisu akka ta’e tumameera.**

Alloogummaa

- **Koodii Naamusaa lakk. 01/2000 kwt. 2 ,**
- **Alloogummaan murtiin kennamu loogii irraa bilisa ta’uu qofa osoo hin ta’in adeemsi ykn sirni murtiin ittiin kennamus loogirraa bilisa ta’uu qaba,**
- **Kanaaf ofiisaroonni seeraa hojii isaanii kanneen gartummaa fi loogii bifa kaminuu ibsamurraa bilisa ta’anii gaggeessuu qaban.**
- **Oofiisarri seeraa MM keessattiis ta’ee alatti amalli isaa amantaa ummatni, ogummaa seeraa fi isaa fi MM irraa qabu kan cimsuu fi dagaagsuu ta’uu isaa mirkaneesuu qaba.**

- **Oofiisarri seeraa :**
  - ✓ **abbootii dhimmaa, abukaattoo fi ragaa waliin kophaatti walqunnamtii hin mallee fi loogummaa agarsiisan gochuu hin qabu.**
  - ✓ **Jechoonni, sochiin qaamaa fi gochoonni isaanii hogguu hojii KTAS hojjatan dubbatanii fi raawwatan haala kamiinuu loogummaa isaanii kan agarsiisan ta'uu hin qabu.**
- **Danbii naamusaa lakk. 02/2001 kwt.6 jalatti abbootii dhimmaa dabareen keessummeessuu dhabuun badii dha.**

Amala Mudaa Hin Qabne (Integrity)

- **koodii naamusaa lakk. 01/2000 kwt. 3**
- **Oofisarri seeraa hogguu hojii KTAS hojatutti amala mudaa hin qabne qabaachuu qaba.**
- **Kan yaada nama dhamaqabeessaatiin kan hawaasaan hin balaalefatamnee fi amallii fi gochi mul'isu amantaa hawaasni mana murtii irraaa qabu kan dhugoomsu ta'uu qaba.**
- **Namoota waliin hojjatu kabajaan waliigalee hojjachuus qaba.**
- **Kana gochuu dhabuun hanqina naamusaa akka ta'e danbii naamusaa kwt. 29 irraa ni hubatama.**

Fayyaalummaa (Propriety)

- **koodii naamusaa lakk. 01/2000 kwt. 4.**
- **Ofiisarri seeraa duudhaa kana kan cabsu :**
  - ✓ **gochi inni raawwate,**
  - ✓ **hariiroon inni qabu, fi**
  - ✓ **amalli inni agarsiise**
- **dandeetti inni ittigaafatamummaa hojii KTAS ejjannoo cimaan (with integrity), alloogummaan (impartiality), bilisummaan (independence), fi gahumsaan (competence) bahuu gaaffii keessa kan galchuu fi**
- **ilaalcha nama dhama qabeessaatiin haala kanaan ittigaafatamummaa isaa bahuu hin danda'u amantaa jedhu kan uumuu danda'u yoo ta'ee**

- **Oofiisarri seeraa:**
  - ✓ **Falmitoota keessaa isa tokko kunuunsuu, qabeenya isaatti fayyadamuu (konkolaataa abukaattoo) hin qabu;**
  - ✓ **jiruun dhuunfaa isaaniis kan daangeffame ta’uu qaba; iddoo dhugaatii fi kkf argamuu hin qabu;**
  - ✓ **walitti dhufeenyi ogeessota seeraa biroo kan akka abukaattoo waliin qabus (fkn affeerraa) kan odeeffannoo hin taaneef isaan saaxilu ta’uu hin qabu.**
  - ✓ **Isan kunniin danbii naamusichaa kwt.23, 33, 49, 50 fi 51 jalatti akka badii naamusaatti tumameera.**

- falmitoota irraa kennaa fudhachuu ,
- dhaamoo, liqii fi faaydaa biroo gaafachuu;
- Iddoo jireenya isaa hojii ogummaa seeraatiif oolchuu (gorsa kennuu);
- Aangoo kennameef faaydaa dhuunfaa isaatiif, maatii fi kan biraatiif oolchuu (iyyannoo, himannoo fi kkf barreessuu, xalayaa fi chaappaa MM tti fayyadamuu) hin qabu.
- Oofiisarri seeraa hogguu hojii KTAS hojjatutti hojiiwwan abukaattoo dhuunfaa, gorsaa, dubbifixaa, raawwachiisaa seeraa fi hojii jaarsummaa irratti bobba'uu hin qabu.
- Danbii namusaa kwt. 40 fi 50 jalatti badii

- **Oofiisarri seeraa iccitii sababa hojiitiin argate eeguu qaba; dabarsee faaydaa dhuunfaa isaatiif ykn garee sadaffaatiif oolchuu hin qabu.**
- **Danbii naamusaa kwt.36 jalatti dhoorgameera.**
- **oofiisaroonni seeraa galmee beellamaa baasuuf, waraqaa waamicha, ragaa garagalcha murtii, ajaja hatattamaa bahii gochuuf abbootii dhimmaa irraa kaffaltii isaanif hin malle gaafachuun hin qabu.**
- **nama gocha malaanmaltummaa raawwatee tarkaanif barbaachisaa fudhachuu qaba; qaama ilaallatuttis gabaasuu qaba.**
- **Kana yoo hin godhin bu’uura danbii naamusaa kwt 30 fi 41 tiin badii naamusaati.**

Walqixxummaa / Equality/

- **koodii naamusaa lakk. 01/2000 kwt. 5.**
- **oofiisarri seeraa sababoota akka sanyii, amantaa, saala, umurii, bifa, ilaalcha siyaasaa, naanummaa, haala fayyaa, gosa hojii, humna qabeenyaa fi kkf nama addaan basuu hin qabu.**
- **Oofiisarri seeraa adeemsa falmii keessatti abukaatoonii sababoota rogummaa hin qabne irratti hundaa'uun amala/gocha ykn jecha loogii ibsuu irraa akka of qusatan gochuu qaba.**
- **Kana gochuu dhabuun naamusaan akka nama gaafachiisuu danda'u danbii naamusaa kwt.44 irraa ni hubatama.**

Gahumsa (Competence)

- **koodii naamusaa lakk. 01/2000 kwt. 6.**
- **Oofiisarri seeraa hojii kamuu dura hojji KTAS tiif dursa keennuu qaba;**
- **ogummaa isaas dirqama hojii kanaaf oolchuu qaba.**
- **Dirqamni kunis mana murtii keessattii ittigaafatamummaa isatti kenname bahuu qofa irratti kan daangeffame osoo hin taanee hojiiwwan waajjirichaaf bu’aa buusanii fi rogummaa qaban kan biroos raawwachuu kan dabalatuu dha.**

- **Ofiisarri seeraa beekumsa, dandeettii fi cimina hojii KTAS gaggeessuuf isa dandeessisu eeguu fi dagaagsuu qaba.**
- **Kanaaf jecha leenjii fi haalawwan wajjirrichii isaaf mijeessuun kan biroon fayyadamuu qaba.**
- **Kana gochuu dhabuun badii naamusaa akka ta’e danbii naamusaa kwt. 24 jalatti tumameera.**

Miira Tajaajiltummaa fi Kaka'uumsa Hojii

- **koodii naamusaa abbootii seeraa fi muudamtoota gumii lakk. 01/2000 kwt. 7 jalatti ibsameera.**
- **Miira tajaajiltummaatiin hojjachuu jechuun:**
  - ✓ **ofiisarri seeraa abbootii dhimmaa kabaja ol'aanaan simachuu fi keessumeessuu, tasgabbii fi obsaan dhaggeeffachuu qaba**
  - ✓ **malee salphisuu, arrabsuu, hifachuu fi kabaja isaanii tuquu hin qabu.**
- **danbii naamusaa lakk. 02/2001 jalatti iyyata dhaggeefachuu dhabuu fi kabajaa abbaa dhimmaa tuquun (kwt.11 fi 28) fi abbaa dhimmaa kunuunsuu dhabuun(kwt.12) akka**

- **Oofiisarri seeraa kaka'umsaan hojjachuu qaba:**
  - ✓ **Hojii si'oominaan,of eegannoo fi qulqulinaan daangaa yeroo taa'e / standard /keessatti raawwachuu,**
  - ✓ **Hojiin beekumsaan, ogummaan, yaada bilchinaa qabuu fi qophii gahaadhaan kan deeggarame ta'uu qaba.**
  - ✓ **Koomii fi yaadoota abbootii dhimmaa yeroo yeroodhan xinxaluu battalumatti deebii itti kennuun qaba.**
- **Kunis danbii naamusaa kwt. 13(2) fi (3) jalatti akka hanqina naamusaatti kan**

Galata Argaadhaa!!!